# Nama guyyaa tokko karaa Rabbii keessatti soome Rabbiin woggaa torbaatama fuula isaa ibidda irraa fageessa

Abuu Sa'iid Al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Nama guyyaa tokko karaa Rabbii keessatti soome Rabbiin woggaa torbaatama fuula isaa ibidda irraa fageessa».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni jihaada keessatti haala Rabbiif qulqulleessee fi mindaa Rabbiin irra barbaadeen guyyaa tokko soome, jihaada keessattis jihaadaan alattis jedhameera, Rabbiin tola isaatiin gidduu isaatii fi gidduu ibiddaa woggaa torbaatama wol irraa akka fageessu ibsani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee